# HIN GADDIN

## Ni Tura Malee Bari'uu Hin Oolu

**Ziyaad A/hakiim**

# HIN GADDIN

## Ni Tura Malee Bari'uu Hin Oolu:

Barreessan

Ziyaad A/Hakiim

Kaayyyoon Barreeffama Kanaa Gorsa Mataa Kooti Fii Namoota Biroof Walumaa Galatti Ani Yaada Koo Fi Ilaalcha Koo Kana Ofumaaf Jedhee Barreessee Of Gorsaa Ture Yoon Laalee Jedhu Barreffamichi Akkan Maxxansu Na Dirqe .

1. Maaltuu Si Muudate

2..Maal Yaadda

3. Namaaf  Gaarii Ta'i

# MAALTUU SI MUUDATE

Gufuun Gara Garaa Si Muudachuu Danda'a Muudannoon Adda Addaa Si Tuqee Hamilee Si Cabsuu Danda'a Miidhamuu Dandeessa Kana Yoon Jedhu Muudannoon Hedduutuu Jiru Tokkoo Lamaa Miti Maatii Kee Irraa Dhalattee Maatii Kee Dhabuu Dandeetta Kophaa Kee Fira Tokko Malee Guddachuu Dandeessa Nama Hamilee Si Cabsu Malee Kan Hamilee Sitti Godhee Si Jajjabeessee Akka Ati Milkooftuf Kan Si Bira Dhaabbatu Dhabdee Hamileen Si Cabuu Danda'a

Kana Males Ati Waan Tokko Yaaddee Yaanni Kee Sun Galma Osoo Sii Hin Gahin Gufuun Gara Garaa Si Harkaa Kuffisuutuu Mala Muudannoo Kana Jedhee Hin Fin'e Si Muudachuu Danda'a

Ani Wanti Mata Duree Kana Siif Baasef Haa Ati Muudannoo Kee Laaltee Gaddituuf Miti Haa Ati Jabaattee Ol Kaatee Dhaabbattuuf Malee Kana Hunda Keessaa Tokko Sirra Gahuu Danda'a Ati Garuu Hin Gaddin.

Nama Hedduutuu Jira Kan Kaayyoo Ofii Qopheeffatee Lubbuun Isaa Dabarte Nama Meeqa Biyyeen Nyaatte Bara Baranaa Kana Keessa Nama Jajjaboo Akkamii Akka Dhabne Yaadadhu Nama Meeqa Nu Biraa Kufe Hiriyaa Kee Kan Akka Ijaatti Laaltu Meeqa Tana Buutee Dhabde Jireenya Koo Jijjiira Jedhee Meeqaatu Biyyaa Bahe Meeqaatu Biyyee Ta'e .......

Meeqa Kan Jireenya Koo Jijjiira Jedhee Dhakaa Ormaa Baatee Namaaf Gabroomee Jireenya Koo Fooyyeffadha Jedhee Kan Ilmaan Qabu Osoo Isaan Laalan Gadi Bahee Biraa Kutee . Meeqa Kan Roorroon Biyyaa Isa Baastee Galaanatti Dhume Osoo Hin Galaaf Eeganuu Hirbaata Qurxummii Ta'e Meeqa Kan Mana Hidhaa Keessa Taa'ee Yeroo Dheeraf Achii Keessaa Galaanni Yaaddoo Isaan Kute Kan Biyya Jijjiira Jedhee Garaa Ofii Hidhatee Biyya Ceesisa Jedhee Kan Ka'ee Meeqa Kan Hidhatti Guuramee Akka Hin Taane Ta'aa Jiru Kun Sitti Haa Mul'atuu Kana Laali Mee Kan Biyya Ofii Irra Taa'ee Akka Itti Jiraatu Dhabe

Dhugaadha Haalli Yeroo Ammaa Muudannoo Hamaa Sirra Geessisuu Danda'aa Ati Garuu Hin Gaddin.

Muudannoon Kee Yeroof Si Rukute Garuu Si Keessss Bahuu Dideeti Yeroo Yeroon Si Cinqiti Sitti Deddeebi'ee Akka Ibiddaatti Si Guba Urga Dhalattee Garaan Kee Madaa Tahuu Danda'a Kana Dhiisii Abdii Hin Kutin Kan Har'aa Har'uma Eegali Ati Humna Gahaa Qabdaa Wanti Kalee Dabre Har'a Hin Deebi'u Baay'ee Miidhame Ani Hin Jijjiiramu Jettee Abdii Hin Kutin ......

Kan Har’a Muudannoon Cimaan Irra Gahe Yeroof Malee Gaddi Kamuu Ni Dabra Bu'aa Bahii Heddu Argitee Jirta Jireenyi Kun Godaansa Ar'uma Jilbiiffadhu Kan Har'aa Hin Laalin Kan Boruuttuu Caalaa

Kanaaf Boruu Keef Yaadi Fuuldurri Koo Maali Jedhi Malee Kan Duuba Keetii San Yaadattee Of Hin Cinqin Namni Kamuu Ni Jijjiirama Yoo Dhugaan Ofitti Amane Akka Har'aatti Hin Haftu Numa Bariiti Kanaaf Jabaadhu

Akkuma Kan Kaleessa San Obsaan Dabrsite Kan Har'aas Obsaan Bira Kuti Boruu Keef Yaadi.

Yeroo Hundaa Ati Kan Yaaddoftu Yoo Ta'e Bakka Kuftee Ka'uu Hin Dandeessu Dhala Namaa Kana Irraa Waa Hedduutuu Mul’ata Hunduu Madaa Qaba Kaanis Dhayxee Yoo Gaafattu Madaa Himata Namni Madaa Hin Qabne Hin Jiru Tarii Madaan Isaa Sun Kee Caaluu Danda'a Meeqa Kan Muudannoo Isaa Irraa Kan Ka'e Maraataa Ta'e Kararra Deemee Dhakaan Nama Reebaa Oolu Meeqa Kan Sammuun Isaa Cinqamee Maraataa Ta'ee Hidhanii Bira Taa'an Mee Mana Yaalaa Dhaqi Meeqaa Kamtu Siree Gubbaa Ciisee Maatii Ufii Arguuf Dheebotaa Dhibee Saniin Waldhaansoo Wal Qabaa Jiru ......

Kan Dhibee Irraa Fayyuu Hin Dandeessu Jedhaniinii Abdii Kutatee Ciisee Guyyaa Eeggatu Meeqaatuu Jiru

Ati Garuu Akkas Hin Taane Fayyaa Qabda Harkaa Miila Qabda Gadi Baatee Qilleensaa Gaarii Dhamdhamuu Dandeessa Maraattee Qabanii Siin Hin Taa'aan Dhibamtee Sirerra Ciistee Aadaa Hin Jirtu Jirta Kunoo Barattee Biyya Jijjiiruu Dandeetta Hojjattee Of Jijjiiruu Dandeetta Yaada Gaarii Dubbattee Amansiisuu Dandeetta Isaannan Warra Kana Hin Qabne Ilaali Mee Sii Hin Galuu Muudannoon Takkaa Lamaaf Jettee Sammuu Kee Raahaa Dhooggita Ati.

Kanaaf Obboleessa Koo Obboleetti Too Kaleessi Har'aa Miti Har'is Boru Hin Deebi'u Waan Har'a Hojjachuu Qabdu Har'uma Hojjadhu Waan Kalee Si Muudateef Hin Gaddin .....

## MAAL YAADDAA

Dhala Ilma Namaa Kan Dachii Irra Deemu Kana Hundaa Yaanni Issaa Gargari Yaanni Nama Kamiituu Wal Dhaba Kuun Xiqqeessee Yaada Kuun Guddisee Yaada Kan Yaada Isaatin Ufiifis Tolee Namaaf Tolu Tuu Jira Akkasumas Kan Yaanni Isaa Badaas Hedduutuu Jira Yaada Jechuun Koo Ati Waan Feete Yaaduu Dandeessa Yeroo Garii Akkanumatti Cal Jettee Waan Hojjachuu Qabdu Yaadda Yaanni Kee Yeroma Hundaa Akka Waan Badaa Yaaddu Ta'uu Hin Qabu .

Ati Homa Fedhees Ta'uu Yaanni Kee Bal'aa Ta'uu Qaba Ati Yoo Yaada Gaarii Hin Qabaanne Nama Hin Jedhamtu .

Garuu As Haa Deebi'uu Gara Yaada Kiyyaatti Namoota Hedduutuu Jiru Kan Yaada Heddu Yaadanii Ta'uufii Dhabee Yaada Hedduu Yaadanii Yaanni Sun Harkaa Kufe Garii Asuma Gabaabsee Haa Dubbadhuu Kan Halkan Walakkaa Ka'ee Yaadan Gamoo Ijaaree Bariisaa Gubbarratti Eega Xumuruu Ka'e Harkaa Jigu Baayleedha Kan Yaanni Hirriba Isa Dhoorkee Yaadee Waa Hedduu Yaadee Yaada San Osoo Oliif Gadi Geggeeddaru Harkaa Bade Hedduutuu Jira Kan Boru Maal Hojjadha Jedhee Osoo Yaadu Halkan San Biraa Lixe .....

Yaada Baay'ee Yaadee Tokkicha Keessaa Osoo Hin Hojjatin Kan Dhiisus Numa Jira Osomaa Kunis Jiruu Kan Akka Itti Nama Miidhus Yaadu Numa Jira Kan Ima Taa'ee Mala Namatti Dhahu Baay'ee Argina Ati Hoo Kanniin Keessaa Nama Akkamiiti

Uf Xiinxallii Nama Yaada Gaarii Yaadee Yaada Sana Galmaan Gahu Moo Ati Nama Hamaa Yaaduudha Ta'uu Hin Qabu Yaada Gaarii Qabaadhu Yeroo Hundumaa Yaanni Kee Yoo Si Jalaa Bades Hin Gaddin .

Yaadun Gaariidha Garuu Wanti Yaaduu Hin Qabne Yoo Kan Itti Yaaddu Ta'e Gara Hedduun Miidhaa Sirra Geessisuu Danda'a .

Garuu Namoonni Baay'en Jireenya Ofii Irratti Xiyyeeffatu Kuun Uf Jijjiiree Biyya Koos Akkamitti Jijjiiruu Danda'a Jedhee Yaada Kuun Fuuldurri Koo Maali Jedhee Yaada Hundi Isaanituu Yaada Adda Addaa Qabu

Ati Yaada Gaarii Fudhadhuu Wal Bira Qabii Ilaali Kan Siif Tahu Kan Ta'uu Qaba Jettee Yaaddu Fudhuu Isa Irratti Yaadi Yaaduu Qofa Osoo Hin Taane Hojiin Agarsiisi ....

Yaada Yoo Jennu Hedduutuu Jira Siin Jedhee Ture Tokkoo Lamaa Miti Hedduudha Sanniin Keessaa Tokko Siif Kaasa Maal Sitti Fakkaata Namoonni Baay'en Maal Yaadda Jettee Yoo Gaafatte Kuun Jireenyi Koo Kunuu Na Dhibe Siin Jedha Kuun Bultii Ijaarrachuun Fedha Garuu Humna Dhabe Malee Siin Jedha Kuun Jiruu Koo Irrattuu Guyyaa Tokko Jiruu Taasgabbii Jiraadhee Hin Beeku Siin Jedha Kuun Ani Hiyyummaa Koo Irraa Kiisin Koo Qullaa Manni Koo Qullaa Waanuma Tahuu Dhabe Siin Jedha Hedduudha Waan Siin Jedhee Fixuumi Kan Kanarraa Dabree Kan Homa Dhaladheefuu Wallaale Jedhee Abdii Kutate Hedduutuu Jira

Kun Maaf Ta'ee Ta'uus Hin Qabaatu Homa Fedhes Ta'uu Kana Hunda Hin Gaddin Maalifii Jireenyi Qormaata Waan Ta'eef Obsuutu Furmaata Siif Ta'a

Tokko Jedhan Lama Jedhan Hin Jennee Kanaaf Yaada Kee Fooyyessi Wanta Kamuu Nan Danda'a Jedhi Wanti Hin Danda'amne Hin Jiruu Jedhii Yaadi Malee Hin Gaddin.....

Yoo Yaada Gaarii Yaadde Yaada San Ammoo Itti Dhiphatuu Hin Qabdu Yaada San Baafattee Lafa Kaayyattee Gahee Mataa Keetii Bahuu Qabda Kan Hin Danda'amne Garuu Hin Eegalin Eegaltee Of Hin Miidhin Wanta Yaaddu Kamuu Jalqaba Yaanni Kun Maali Jedhi Eegaa Ammoo Hangam Itti Yaaduu Qaba Jedhi Furmaata Qabaachuu Isaa Itti Yaadi Furmaata Qaba Taanan Gara Tarkaanfii Itti Aanutti Ce'i Furmaata Wanti Dhabe Kamuu Hin Jiruu Waan Tiqqoo Guddiftee Hin Yaadin Jechuu Kooti Yoo Kana Hin Ta'in Dhibeefis Saaxilamuu Dandeessa Kanaaf Ati Wanti Kamuu Haa Baduu Sodaa Kee Of Irraa Balleessi Homa Fedhes Tahuu Yaanni Kee Yoo Irra Deddeebitee Yaalte Ima Siif Milkaa'a Kanaaf Yoo Yaanni Kee Siif Tahuu Dhabes Hin Gaddin

## NAMAAF GAARII TA'I

Yeroo Ammaa Kana Namoonni Gaarii Waliif Tahu Baay'inaan Hin Argaman Namaaf Gaarii Ta'i Siin Jechuun Koo Nama Kamiifiyyuu Gaarii Yaadi Nama Hin Miidhin Jechuu Kooti Namni Si Miidhuu Danda'a Ati Garuu Gaaridhaan Deebisiif Nama Kam Birattuu Nama Haalaa Amala Gaarii Ta'ii Argami Namni Ammaa Garuu Baay'inaan Kan Isattii Mul'atu Amala Namaa Dhiisee Qabeenya Faaydaa Adda Addaa Ilaalu Ta'uu Hin Qabuu Kan Waanii Namaa Beeku Garuu Haalaa Amala Kee Ilaalu Ati Kanaaf Waan Feetee Qabaadhuu Dhabii Nama Amala Gaarii Ta'uu Qabda Amalli Kee Gaarii Jechuun Kan Yoo Dallane Dallansuu Ofii San Too'atu Kan Yoo Namni Isa Miidhu Namaaf

Bira Kutu Kan Yoo Miidhames Obsu Kan Nama Kamiifuu Gaarii Yaaduu Ta'uu Qabda Yoo Akkas Goote Nama Kam Birattuu Gaarummaan Kee Mul'ata

Kan Ollaan Kee Biyyi Kee Naannon Kee Namni Kamuu Si Jaallatuus Yoo Amala Gaarii Amala Gaarummaa Qabaatteedha

Yeroo Kana Garuu Gaarummaan Baay'inaan Hin Mul'atu Garuu Kan Wal Jibbuu Fii Kan Hamaa Waliif Yaadutuu Baay'ata ....

Ati Kana Irraa Adda Tahuu Qabda Namni Si Jibbuus Danda'a Si Miidhus Danda'a Hin Beekkamu Yoo Si Miidhes Sababa Ati Badaa Taate Bichaaf Si Miidhuu Hin Danda'u Simaa Gaarii Nama Hin Tuuyne Kan Gaarii Namaaf Yaadu Kanas Miidhuu Danda'u Jecha Adda Addaatin Namni Maqaa Kee Xureessuu Danda'a Homa Fedhes Ta'u Namni Waan Jedhu Hin Dhabu Ati Waan Namni Si Duuba Ati Kan Akkanaati Jedhee Si Hamateef Waan Si Arrabseef Waan Miidhaa Adda Addaa Sirratti Geessiseef Hin Gaddin

***Maalifii Akka Kanniisaa Dammeessitus Akka Tiisisaa Balleessitus Namni Waan Siin Jedhu Hin Dhabu Ati Garuu Nama Kaayyoo Qabu Ta'i Hin Jennee***

Kanaaf Akkasitti Beeki Yeroo Kamuu Maaloo Gaarummaa Kee Hin Gatin Maalifii Ati Nama Gaarii Taanan Waa Hedduu Argachuu Dandeettaa Amalli Gaarin Kee Maatii Kee Irra Dabree Ollaa Kee Fayyada Akkasumas Hiriyoota Hedduu Horachuu Dandeettaa

Ati Amalli Kee Hiriyoota Kee Biratti Hoo Kan Akkamiiti

Hiriyaa Kee Birattis Ati Amalli Kee Kan Isa Hawwatu Ta'uu Qabda Hiriyaa Kee Biras Dhayxu Haala Gaarin Qlbii Isaa Gammachiisi Isaaf Gaarummaa Kee Kenniif Seequu Gaarin Jecha Gaarin Yaada Gaarii Qabaadhuf

Eeyyen Hiriyaa Keetif Jaalala Qabaadhu

Ati Hiriyaa Kee Biratti Nama Akkamiiti Nama Dhugaan Isaaf Yaaduu ? Nama Dhugaan Isa Jaallatuu? Nama Isaaf Gaarii Yaaduu?....

Nama Isaaf Hiriyaa Dhugaadhaa Nama Isaaf Rakkoo Isaa Irraa Furuuf Tattaafatu Kan Yoo Dadhabe Gaddu Tahuu Qabda Hiriyaa Gaarii Qabaachuun Kees Dirqama Hiriyaa Kees Lafumaa Kaatee Osoo Waa Hedduun Hin Madaalin Oluma Kaatee Hiriyyaa Godhachuu Hin Qabdu Hiriyaa Kee Waa Hedduun Madaaluu Qabda Hiriyaa Dhugaa Kan Karaa Sirrii Irratti Si Qajeelchu Kan Siif Yaadu Kan Si Waliin Dhiphatu Tahuu Qaba

Hiriyaan Gaarin Dagalee Jiruuf Jireenyaa Waan Ta'eef Ati Dhugaan Hiriyaa Gaarii Kan Yoo Ati Kufte Ol Si Qabuuf Tattaafatu Kan Yoo Ati Rakkatte Si Waliin Rakkatu Kan Hamturraa Si Dhooggu Ta'uu Qaba Hiriyaa Yeroo Kolfaa Dhibba Horachuun Salphadha Garuu Hiriyaa Yeroo Rakkoo Tokko Argachuun Ni Ulfaata Kanaaf Ati Hiriyaa Gaarii Filadhu Hiriyaan Gaarin Dagalee Jiruuti Boqonnaa Sammuuti Riqicha Jiruuf Jireenyaati Kan Yoo Ati Rakkattu Si Waliin Rakkatu Kan Yoo Ati Gammadde Si Waliin Gammadu Kan Dhugaan Sitti Dhihaatu Kan Yoo Riqichi Jiruu Si Jalaa Jige Riqicha Siif Ta'u Kan Yoo Wanti Hin Taane Sirratti Yoo Argame Si Waliin Saalfatu Kan Sin Irraanfanneedha Nyaataa Dhugaati Rakkoof Bal'oo Taa'us Deemus Kalaa'us Fagaatus Kan Sin Daganneedha ......

Atis Hiriyaa Kee Sirritti Qabadhu Namni Wal Jaallatu Waan Tiqqoo Walitti Mufachuu Danda'a Garuu Waliif Obsa Malee Kanaaf Atis Hiriyaa Keetif Gaaddisa Ta'iif Malee Aduu Itti Hin Ta'in Homa Fedhes Yoo Ta'e Hanga Fedhe Hammaatus Hiriyaa Kee Hin Sobin Dhuguma Itti Himi Malee Hicciitii Kee Hin Dhoyfatin Kan Keessa Kee Beeku Kan Rakkoo Kee Beeku Haadhaf Abbaa Kee Irra Hiriyaa Keeti Waan Ta'eef .

Si Mufachiisuu Danda'a Ati Obsaan Irra Dabriif Yaada Ati Yaaddee Fedhii Kee Wanta Ati Isarraa Eeydu Yoo Irraa Dhabde Itti Hin Aarin Yookaa Jaallateetii Mitii Waatuu Dabeef Ta'aa Maaloo Itti Murteessuf Hin Ariifatin Akka Tasaa Ta'ee Beellama Waliin Qabdan Haa Jennuu Beellama San Irraa Isa Wanti Isa Tursiise Rakkoon Addaa Isa Qunnamuu Danda'aa Itti Hin Aarin Yoo Kan Itti Aartu Ta'e Qaawwi Wahii Jidduu Isin Lamaanititti Uummamuu Danda'aa Hiriyyaan Kee Si Jaallata Sirritti Jaallala Kee Irraa Kan Ka'e Yoo Ati Yaada Isaa Guutufii Dhabde Mufachuu Danda'a Ati Garuu Yaada Isaa San Osoo Inni Sitti Hin Himin Beekufii Qabda Yaada Isaa San Lafa Kaayuu Hin Qabdu Homa Fedhes Ta'uu Qaaman Addaan Baatanii Fagaattanis Yaadan Dagachuu Hin Qabdu Isaaf Sirritti Yaadi Inni Abdii Sirraa Qabaachuu Danda'aa Yeroma Kamuu Isa Dagachuu Hin Qabdu Gara Kamiinuu Isa Hin Mufachiisin....

Kanaaf Rakkoo Isaa San Isaaf Beekuu Qabda Yeroo Tokko Tokko Hiriyaan Kee Rakkoo Wahii Gala Cinqaan Adda Addaa Irratti Wal Gaha Sitti Himatuun Itti Ulfaata Ta'a Sababni Hiriyyaan Koo Kun Yoon Ani Itti Himadhe Na Jalaa Cinqama Dhoysuu Qaba Jedhee Si Dhoysa Ati Garuu Hordofuu Qabda Hanga Rakkoo Isaa San Agartuu Yookaa Inni Sihuu Qabaa Isatu Qaama Kooti Siin Jedhaa Atis Qalbii Isaa Gammachiisi Jaalala Sobaatin Isa Sossobuuf Hin Yaalin Jaalala Dhugaa Isaaf Qabaadhu Sirritti Jabeessii Qabadhu Akka Baatiriitti Kanaaf Hiriyaa Dhugaa Jechuun Kan Akkanaati

- Yoo Bira Jiraachuu Baay'ifte Kan Sin Hifanne
- Yoo Addaan Baatan Kan Si Hin Irraanfanne
- Yoo Itti Dhihaattu Kan Sitti Dhihaatu
- Yoo Irraa Fagaattu Addaan Bahuu Dhabuudhaf Kan Xaaru
- Kan Rakkoo Tee Furuuf Tattaafatu

Kanaaf Hiriyyaa Dhugaa Jechuun Kan Akkanaati....

Dhaamsi Ani Sitti Himu Hiriyoota Hedduutuu Jiru Kan Fuulan Si Fakkaatee Kan Garaan Si Nyaatan Kan Faayidaa Gara Garaatif Garaa Kee Seenee Nama Dhugaan Si Jaallatu Fakkaatee Sitti Maxxanee Oduu Adda Addaa Sitti Odeessee Nama Kee Fakkaatee Siif Jira Siin Jedhee Ati Dhugaadha Jettee Fudhattee Lafee Kee Si Cabsee Si Ganee Faaydaa Ofii Sana Geeffannaan Sirraa Galu Baay'eedha Ati Hiriyaa Jettee Nama Osoo Hin Madaalin Diinqa Onnee Keessa Hin Seensisin Ati Kana Hundaa Laaltee Hin Gaddin Inni Waan Si Miidhe Sitti Hin Fakkaatin Kanaaf Ka Tare Dhiisii Kan Dhufu Eeggadhu Sin Jedha,

*Xumurame!*